

Odeeffannoo STD

Gonorrhea ("Clap") - Oro

Cabxoo

(baakteeriyaa *Neisseria gonorrhoea* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata Cabxoo:

- Quunnamtii booda guyyaa 2-7 itti jalqaba
- Dubbartiitti hin hammatu ykn hin mul'atu

Mul'ata Cabxoo Dubartiirratti:

- Dhiga ykn dhangala'aa biroo qaama ishee keessaa haalaan baha ykn ni hooqsisa
- Yammuu fincuufu ykn bakkee baatu ni dhukkuba ykn fincaan gubaa
- Dhukkubbiin yeroo kaanirra yammuu dhiigni itti jiru itti cima
- Ciniinnaa ykn dhukkubbii garaa gara gajjallaa
- Hooqsisa ykn dhangala'aa karaa hudduu.

Mul'ata Cabxoo dhiirarratti:

- Dhangala'aa furdaa bifa keelloo qabu (malaa) tu waan dhiiraa isaa keessaa gadi yaa'a.
- Yammuu finca'u ykn gara bakkee bahu ni guba ykn ni dhukkuba
- Dhangala'aa ykn hooqsisa hudduu

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Cabxoon haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaa karaa dhagna dubartiin
- Quunnamtii saalaa afaaniin
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu
- Haadha dhibamtuurraa gara daa'ima reef dhalatteettii ni darba

XAAXAWWAN/ BOODDEE

Cabxoon yoo hin waldhaanamne:

- Dhukkuba cimaa muddhii gadii fida
- Dubartiin gadameessa alatti (*tubal pregnancy*) ulfaa'uu dandeessi
- Dubartiinis dhiirris akka akka dhala dhabu
- Buusaa buusaatti (*joints*) dhibeen ni dhalatti
- Namoota biroo quunnamtii saalaa waliin gootutti darba

Cabxoodhaa fi Ulfaa'uu:

- Haadha dhibamtuurraa gara da'ima reef dhalatteetti darbuu ni mala
- Daa'ima reef dhalattetti ija dhukkubbii cimaa fiduu ni danda'a
- Qaama biraa dhukkubsuu ni danda'a

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa cabxoo xiqqeessuuf ykn hir'isuuf fayyadan:

- *Latex kondomiin* yoo sirriitti itti maa'ii ba'ame daddarbiinsa cabxoo xiqqeessuu ni danda'a
- Quunnamtii saalaa karaa hudduu ykn karaa dhagna dubartii yammuu gootu yeroo hundaa *latex koondomii* fayyadami
- Quunnamtii saalaa afaaniin waan dhiiraa luuguun yoo goote *latex kondomii* fayyadami
- Yoo quunnamtii saalaa afaaniin dhagna dubartii arraabuun goote ittisa *latex* fayyadami (laastikii ilkaanii ykn koondomii lamatti kutiiti)
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin hojjetu xiqqeessi
- Yoo qabamte namoota quunnamtii saalaa waliin goote hunda dafii beeksisi
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhan waliin yaalamuu qabu

DAWAA/ YAALA

Dawaa Cabxoo:

- Dawaa Dooktoraan ajajamuun ni fayya
- Quunnamtii saalaa warri waliin godhan wal-faana yaalamuu qabu

HUBADDHU: Nammi dhukkuba kanaan qabame fayye deebisee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY; www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY; (651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC,
STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY; www.cdc.gov